# ERGAA YIHUUDAAN ERGE

**1**Garbicha Yesuus Kiristoos Yihuudaa obboleessa Yaaqoob irraa;

Gara warra waamamanii Waaqa Abbaan jaalataman kanneen Yesuus Kiristoosiin eegamaniitti; **2**Araarri, nageennii fi jaalalli isiniif haa baay'atu.

### Badiisa Warra Waaqaaf Hin Bulle Eegatu

**3**Yaa michoota[a] kiyya, ani waayee fayyinna nu waliin qoodannu kanaa isinii barreessuu guddisee nan hawwa ture; garuu akka isin amantii[b] yeroo tokko barabaraaf qulqullootatti imaanaa kenname sanaaf jabaattanii loltaniif isinii barreessee isin gorsuun kiyya barbaachisaa natti fakkaate. **4**Namoonni bara dheeraan dura murtii kanaaf murteeffaman tokko tokko loo'anii jidduu keessan seenaniiruutii; isaanis namoota Waaqayyoof hin bulle, warra ayyaana Waaqa keennaa gara halalummaatti[c] jijjiiran kanneen Waaqa tokkicha jechuunis Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos gananii[d] dha.

**5**Yoo isin duraanuu waan kana cufa beettanillee, ani akka gooftaan[e] saba isaa Gibxi kessaa baasee, booddee[f] immoo warra hin amanin balleesse isin qaabachiisuu[g] nanbarbaada. **6**Innis maleekkota sadarkaa aangoo[h] isaanii irra hin turin, kanneen lafa jireenna isaanii dhiisan sana sansalata[i] barabaraatiin hidhee hanga murtii guyyaa guddaa sanaatti dukkana keessa turseera. **7**Sodoomii fi Gamooraan, magaalonni[j] naannoo isaanii jiranis akkasuma halalummaa fi hawwii foonii kan haala uumamaatiin ala ta'etti dabarsanii uf kennaniiru; isaanis warra adaba ibidda barabaraatiin adabamaniif fakkeenya ta'aniiru.

**8**Haaluma wal-fakkaatuunis

[a]3 ykn *jaallan*; [b]3 ykn *dhugeeffachaa;* [c]4 ykn *dharraa fooniitti /hawadiitti;* [d]4 ykn *marmatan;* [e]5 ykn *hiikkaan durii tokko tokko Yesuus jedha;* [f]5 ykn *duubatti;* [g]5 ykn *yaadachiisuu;* [h]6 ykn *guddinna;* [i]6 ykn *fooncaa/haada sibiilaa/sinsilaata;* [j]7 ykn *diri*

**1:9** *Maleekkicha hangafa* - "Maleekkaa hangafa" yookaan " bulchaa maleekkotaa"jechuudha. Maleekkota kanneen keessaa ja'a 1Henook 20:2-7 keessatti eeramaniiru. Maqaan isaaniis Rufaa'el, Raagu'eel, Mikaa'el, Saaraaqel, Gabri'eelifi Ramaa'el "fa'a. Mikaa'el kitaaba Daani'eli 12: 1 irratti akka Israa'eloota eegu ibsameera. Inni jalqabatti akka  maleekkaa saba Israa'eli irraa humna daabiloosii eegu tokkootti ilaalama ture. Muldhata Yohaannisi 12:7 irratti Mikaa'el akka waldoota kiristaanaa irraa boficha sheexana jedhamu sana eegu ibsameera.

namoonni abjootan[k] kunneen foon ufii isaanii xureessu; aangoo ni tuffatu; maleekkota ulfinna qa-beeyyiillee ni arrabsu. 9Garuu Mikaa'el hangafni maleekkotaay-yuu yeroo waayee reeffa Musee irratti Daabilosiin walitti fal-manitti, "Gooftaan si haa abaa-ruu[l]!" jedhe malee isa arrab-suudhaan itti muruuf ija[m] hin jabaanne. 10Namoonni kunneen garuu waanuma hin beenne arrabsu; waanuma isaan akkuma bineensota waa yaaduu hindan-deennee miiraan hubatanitu isaan balleessa.

11Isaaniif wayyoo! isaan karaa Qaayel hordofan; faayidaa argachuuf jedhanii dogongora Bala'aami keessa of buusan; fin-cila[n] Qoreetiinis barbadaa'an.

12Namoonni kunneen xurii qaanii malee cidha[o] jaalalaa keessan isin waliin nyaatanii dha; isaan tissitoota ufuma isaanii qofa sooranii dha; isaan akkuma duumessa bokkaa hin qabne kan qilleensi asii fi achi oofuuti; akkuma muka yeroo itti firii[p] naqachuu qabutti firii dhabee dachaa lama du'ee buqqifamee ti. 13Isaan warra akka dhawaa galaanaa hoomacha qaanii isaanii baasanii dha; akkuma urjoota asii fi achi jooran kanneen duk-kanni hamaan hanga barabaraatti isaanii kaa'amee ti.

14Heenok inni Addaam irraa jalaqabee dhaloota torbaffaa ture sun akkana jedhee waayee namoota kanaa raajii dubbateera[q]; "kunoo, Gooftaan qulqulloota isaa

[k]8 ykn *oobjatan/eebjatan;* [l]9 ykn *haa ifatuu;* [m]9 ykn *adda;* [n]11 ykn *finqila;* [o]12 ykn *jila;* [p]12 ykn *midhaani;* [q]14 ykn *fage/waa hime*

**1:9** *Reeffa Muusee irratti walitti falmuu* - Oduun kun kakuu moofaa (dullattii) kees-satti hin argamu. Kakuun moofaan akka namni tokkolleen lafa Muuseen itti awwaalame hin beenne dubbata (KeD 34:6) . Garuu akka namichi Argeenis jedhamu tokko bara araaraa keessa waggaa jalqabaatti barreessetti yeroo Muuseen du'etti akka reeffa Muusee awwaaluuf itti gaafatamni Mikaa'elitti kenname. Ta'us daabiloos waan bulchaa biyya lafaa tureef reeffa Muusee irratti gooftummaa ufii agarsiisuu yaale. Yommuu Mikaa'el reeffa Muusee kennuufii didetti ammoo sababii Muuseen nama Gibxii tokko ajjeeseef isa himachuuf dubbii barbaade (Seer Ba'u. 2:12). Mikaa'el garuu sheexana abaaruudhaan dee-bii hin kennine; qooda kanaa harkuma ufiitiin Muusee awwaale.

**1:11** *Fincila qoree* - Qoreen tajaajila lubummaa keessatti qooda qabaachuuf jedhee namoota gara biraa 250 waliin dura bu'uummaa /geegessummaa/ Muuseetiifi Aaron irratti fincile (finqile). Dhuma irratti warri fincilan cuftinuu miseensota maatii isaanii cufa waliin lafa afaan banatteen liqimfaman (Seer Lak16:1-35).

**1:12** *Cidha (jila) jaalalaa* - Waldaa Kiristaanaa tan durii keessatti yeroo miseensonni tokkummaa isaanii kan Waaqaafi walii isaaniitiif qaban ibsuuf walitti dhu-fanitti irbaanni halkanii ni ture. " Cidhi jaalalaa" yeroo mara irbaata tokkum-maatiin hobba'a.

kuma hedduu wajjiin ni dhufa.
15 Innis nama cufatti muruuf,
warra Waaqayyoof hin bulle
kanneen karaa Waaqayyo hin
jaalanneen waan Waaqayyo hin
jaalanne hojjatan cufaa fi dubbii
hamaa cubbamtoonni Waaqay-
yoof hin bulle cuftinuu isa irratti
dubbatan cufatti isaan gaafachuuf
ni dhufa." 16 Namoonni kunneen
yeroo mara ni gungumu; namoota
kaanis ni komatu; hawwii
isaanii hamaa hordofu; uf jaju;
bu'aa argachuuf jedhaniis nama
saadu.

### Jabaatanii Dhaabachuu

17 Yaa jaallan kiyya, isin garuu
waan ergamtoonni Gooftaa kee-
nya Yesuus Kiristoosi duraan
dursanii himan sana yaadadhaa.
18 Isaanis, "ga'istoonni[r] hawwii
fedhii Waaqaatiin ala ta'e hordo-
fan tokko tokko bara dhumaa
keessa nidhufu " isiniin jedhan.
19 Namoonni kunneen warra gar-
gar bayiisa uuman, warra hawwii
foonii hordofanii fi warra hafuura
qulqulluu hin qabnee dha.
20 Isin garuu yaa michoota
kiyya jaalatamoo, amantii kees-
san kan waan cufa irra qulqulluu
ta'e sana irratti uf ijaaraa; ha-
fuura Qulqulluudhaanis Waaqa
kadhadhaa. 21 Akka araarri gooftaa
keenna Yesuus Kiristoos jiree-
nya bara baraatti isin geessu
eegachaa jaalala Waaqayyoo
keessa jiraadhaa.
22 Warra shakkii qabaniif garaa
laafaa. 23 Warra kaan ibidda kees-
saa baasaatii oolchaa; kaan im-
moo uffata hawwii fooniitiin
xuraa'ellee jibbaatii araara sodaa
uf-keessaa qabu agarsiisaa.

### Kadhannaa Galataa

24 Isa gufachuu isin oolchuu
danda'uu fi isa fuula ulfinna isaa
duratti hirdhinna malee, gamma-
chuu guddaan isin dhiyeessuu
danda'u sanaaf, 25 Fayyisaa kee-
nya Waaqa tokkichaaf ulfinni,
surraan[s], humnii fi guddinni karaa
Gooftaa keenya Yesuus Kiris-
toosiitiin bara hundumaan dura,
amma, baraa hanga barabaraatti
haa ta'u; aamiin.

[r] 18 ykn *gooyyessitootii;* [s] 25 ykn *mid-haagumtii*